# ERGAA YOHAANNIS ERGE –3ffaa

**1**Maanguddicha irraa,
Gara michuu[a] kiyya Gaayiyoos,
isa ani dhugaadhaan jaaladhuutti;
2Yaa michuu kiyya jaalatamaa,
akkuma lubbuu keetti tole sana
akka wanni cuftinuu sitti toluufi
akka ati fayyaallee qabaattuuf
Waaqa nan kadhadha. 3Obbo-
leeyyan tokko tokko dhufanii
akka ati dhugaaf amanamaa[b]
taatee fi akka ati dhugaadhaan
jiraattu natti himnaan akka malee
nan gammade. 4Ijoolleen kiyya
dhugaan jiraachuu isaanii dha-
gawuu irra ani gammachuu gud-
daa hin qabu.
5Yaa jaala kiyya, yoo isaan
keessummoota sitti ta'anillee ati
waan obboleeyyaniif gootu
keessatti amanamaadha. 6Isaan
waayee jaalala keetii waldaa
kiristaanaatti himaniiru; atis yoo
akka isaan imala isaaniitti
fufaniif karaa Waaqni jaalatuun
isaan gargaarte waan gaarii
hojjate; 7Isaan maqaa isaatiif
jedhanii otuma namoota ormaa
irraa gargaarsa tokkollee hin
argatin ba'aniiruutii. 8Kanaaf nu
akka isaan waliin dhugaaf
hojjannuuf namoota akkasii
simannee gargaaruu qabna. 9Ani
waldaa kiristaanaatiif barreesseera;
garuu Diyooxiraaxiis namichi
nama jalqabaa uf gochuu jaalatu
sun dubbii keenna hin fudhatu.
10Kanaaf ani yoo dhufe waan
inni maqaa keenya balleesuun
hojjachaa jiru mara ifatti nan
baasa; akka waan wanni kun
isa hanqateetti inni obboleeyyan
simachuu dida; warra isaan si-
machuu barbaadanis ni dhowwa;
waldaa Kiristaanaa keessaas isaan
ari'a.
11Yaa jaala kiyya, waan dansaa
hordofi malee waan hamaa hin
hordofin; namni waan gaarii
hojjatu kamiyyuu kan Waaqay-
yoo ti; namni waan hamaa ho-
jjatu garuu takkumaa Waaqa hin
argine. 12Namni cuftinuu Di-
mexiroosiif ni dhugeessa[c];
dhugaan mataan isiiyyuu ni
dhugeessiti; nus in dhugeessi-
naaf; isinis akka dhuga-ba'iisni
keenna dhugaa ta'e beettu.
13Ani waan sii barreessu
baay'ee qaba; garuu biirii[d] fi
halluudhaan barreessuu hin bar-
baadu. 14Qooda kanaa ani dhi-
yoottuu si arguuf abdii qaba; nus
fuula walii duratti baanee
haasoofna.
15Nageenni siif haa ta'uu; jaal-
lan asi jiran nagaya sii dhaamu;
atis jaallan achi jiran tokko
tokkoon maqaa dhayiitii nagaya
itti nuu himi.

[a]1 ykn *jaala;* [b]3 ykn *dhugeeffatamaa;* [c]12 ykn *rageessa/dhuga-ba'a;* [d]13 ykn *qalaamuu/iskiriptoo*